

**Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf
Bahe Lak.214/2011**

Hojii Abbaa Alangummaa qaamolee adda addaatiin bifa faffaca'een hojjatamaa ture walitti qindeessuun hojii abbaa alangummaa si'ataa, qulqulluufi dhaqqabamaa ta'e kenuun olaantummaa seeraa mirkaneessuun barbaachisaa ta'uun waan itti amanameef;

Tajaajila ogummaa abbaa alangummaa iftoominaafi itti gaafatatummaa qabu, akkasumas hirmaachisaa ta'e kenuuf Mana hojii Abbaa Alangaa bu'aa qabeessa, amantaa ummataa qabu, akkasumas bilisummaa ogummaafi dhaabbatummaa gonfate hundeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Naannicha keessatti sirni heeraafi seeraa akka kabajamuufi ol'aantummaan seeraa akka mirkanaa'u, akkasumas, mirgootaafi bilisummaawwan bu'uura lammilee heeraafi seeraan eeggaman kabajamuu isaanii mirkaneessuuf Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa hundeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lak.46/1994 keewwata 49(3) (a) tiin kan kanatti aanu labsamee jira.

**Kutaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa**

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun "**Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Lak.214/2011**" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

- 1) "**Abbaa Alangaa**" jechuun ogeessa seeraa ogummaa abbaa alangummaatiin akka tajaajilu akkaataa labsii kanaafi dambii ittiin bulmaata Abbaa Alangaatiin muudame ta'ee, abbaa alangaa waliigalaafi itti aanaa abbaa alangaa waliigalaa bu'uura labsii kana keewwata 9 tiin muudaman kan dabalatuudha.
- 2) "**Abbaa Alangaa Waliigalaa**" jechuun hoogganaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.
- 3) "**Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa**" jechuun itti aanaa hoogganaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.

- 4) “**Abbaa Taayitaa**” jechuun mana hojii Mootummaa yookiin Dhaabbata Misoomaa Mootummaa Naannichaa keessatti nama muudame, miseensa Caffee Naannichaa yookiin Mana Maree Aanaa yookiin Magaalaa ta’uun ummataan kan filatame yookiin muudamaa kamiyyuu sadarkaa hunda irra jiru yookiin jaarmiyaalee ummataa keessatti itti gaafatatummaan yookiin miseensa boordii yookiin gaggeessummaan muudamee yookiin ramadamee yookiin filatamee kan hojjatu jechuu dha.
- 5) “**Dhaabbata Idil Addunyaa**” jechuun dhaabbata idil addunyaa yookiin dhaabbilee tola ooltummaa yookiin waldaa biyya alaa bu'uura waliigaltee mootummaan Itoophiyaa mootummaa biyya bira walii yookiin sadarkaa Ardii yookiin idila addunyaatti taasisuun naannicha keessatti socho'an jechuudha.
- 6) “**Dhaabbata Misoomaa Mootummaa**” jechuun dhaabbata misoomaa mootummaa yookiin Waldaa Aksiyoonaa mootummaan naannichaa guutumatti yookiin gartokkeen gahee abbaa qabeenyummaa kan keessaa qabu jechuudha.
- 7) “**Yakka Malaammaltummaa**” jechuun bu'uura Seera Yakkaa Mootummaa Federaalaa bara 1997 bahe, labsii Yakkota Malaammaltummaa Federaalaa Lak. 881/2007 fi seerota birootiin yakka malaammaltummaa jedhamuun kan tumame jechuudha.
- 8) “**Heera**” jechuun Heera Mootummaa Rippablika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa yookiin Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
- 9) “**Herrega Baankii**” jechuun maallaqa baankii kaa’ame, sookoofi meeshaalee gatii mi’awaa qaban, akkasumas walqunnamtiawan maammilli Baankii walii taasisu kamiyyuu ni dabalata.
- 10) “**Hojjataa Jaarmiyaalee Ummataa**” jechuun jaarmiyaalee ummataa keessatti qaxaramee, ramadamee yookiin miseensotaan filatamee dhaabbataan yookiin yeroof kan hojjatu yoo ta’u, hoogganaa jaarmiyichaa, miseensa boordii daayirektarootaa, nama waldaa aksiyoonaa yookiin jaarmiyaalee tola ooltummaa kan gurmeessu yookiin miseensa koree ni dabalata.
- 11) “**Jaarmiyaalee Ummataa**” jechuun haalawwan kamiiniyyuu miseensota yookiin ummataa irraa maallaqa yookiin qabeenyaa walitti qabame yookiin tajaajila ummataaf yaadamee maallaqa yookiin qabeenyaa walitti qabame yookiin qaama biroo qabeenyaa biroo kana bulchu yookiin kubbaaniyyaa roga qabeessa ta’e kan dabalatu damee dhuunfaa ta’ee:
 - (a) Dhaabbata Amantaa;
 - (b) Dhaabbata yookiin Paartii Siyaasaa;
 - (c) Dhaabbata Idil-Addunyaa; fi

(d) Afooshaa yookiin haala wal fakkaatuun waldaa qabiyyee aadaa fi amantaa qaban hin dabalatu.

- 12) “**Kubbaaniyyaa Roga Qabeessa**” jechuun kubbaaniyyaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa’e kamiiyyuu ta’ee, buusii aksiyonaa jaarmiyaa ummataatiin taasifamuun kan hundeeffameefi dhaabbata jooyint veencheriifi Waldaa Aksiyonaa, akkasumas dhaabbilee kan biroo dhaabbilee kana waliin waldaa shariikummaa kan hundeessan ni dabalata.
- 13) “**Mana Hojii Mootummaa**” jechuun manneen hojii mootummaa Naannichaa guutummaan guutuutti yookiin gar-tokkeen baajata mootummaa naannichaatiin bulan yookiin sadarkaa kamittuu hojiwwan mootummaa naannichaa kamiiyyuu kan keessatti raawwatamu jechuudha.
- 14) “**Mana Hojii**” jechuun Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa jechuu dha.
- 15) “**Mana Maree Bulchiinsaa**” jechuun Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
- 16) “**Muudamaa**” jechuun sadarkaa Naannoo, Godina, Aanaa, Bulchiinsa Magaalaafi Gandaatti akkaataa seeraa yookiin dambii ittiin bulmaataa rogummaa qabuun mana hojii mootummaa naannichaa yookiin dhaabbata misoomaa mootummaa yookiin jaarmiyaalee ummataa keessatti muudamee yookiin filatamee yookiin ramadamee kan hojjatu jechuu dha.
- 17) “**Naannoo**” jechuun Naannoo Oromiyaa jechuudha.
- 18) “**Nama**” jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.
- 19) “**Pirezidaantii**” jechuun Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
- 20) “**Seera Yakkaa**” jechuun seera yakkaa mana marii bakka bu'oota ummataa mootummaa federaalaa yookiin Caffeen bahu kamiiyyuu jechuudha.
- 21) “**Wabii Eegumsa Hojiifi Qaamaa**” jechuun eeruu kennitoota yookiin ragaa baatoota yookiin maatii isaanii sababa eeruu kennuu yookiin ragaa bahuu isaanitiin miidhaa qaamaa itti aggaamamu yookiin irra gahu yookiin jijiirraa yookiin ramaddii hojii raawwatamuuf karoorfame yookiin raawwatamu yookiin miidhaa hojii kamiiyyuu irraa ittisuu jechuudha.
- 22) “**Yakka Taaksii**” jechuun seera yakkaa yookiin seerota taaksii darbuudhaan gochaawan yakkaa gibiraafi taaksii irratti raawwataman jechuudha.

3. Ibsa Koornayaa

Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

Kutaa Lama

Hundeeffama, Kaayyoo, Aangoofi Hojii Mana Hojichaa

4. Hundeeffamaafi Itti Waamama

- 1) Manni hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa kanaan booda “**Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa**” jedhamee kan waamamu mana hojii mootummaa of danda'e ta'ee labsii kanaan hundeeffameera.
- 2) Itti waamamni Mana Hojichaa Pirezidaantiif ta'a.

5. Teessoo Waajjira Olaanaa

Teessoon Waajjira Olaanaa Mana Hojichaa Magaalaa Finfinnee ta'ee, dameewwan adda addaa ni qabaata.

6. Kaayyoo

Manni Hojichaa kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

- 1) Heerafi sirna Heera kabajuufi kabachiisuu;
- 2) Olaantummaa seeraa mirkaneessuu;
- 3) Seera yakkaa kabachiisuu;
- 4) Dantaa hariiroo hawaasaa mootummaa naannichaafi ummataa kabachiisuu.

7. Aangoofi Hojii

Manni Hojichaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Sirni Heeraafi seeraa akka kabajamuufi olaantummaan seeraa akka mirkanaa'u ni taasisa; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata;
- 2) Imaammata sirna haqa yakkaa biyyaalessaa hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata;
- 3) Qaama dhimmi ilaallatu waliin haala tarsiimoon ittisa yakkaa naannicha keessatti hojiirra itti oolu ni mijeessa; ni qindeessa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
- 4) Seerotni bahan hojiirra ooluufi hojiirra oolmaan isaaniis walfakkaatinsa kan qabu ta'uu ni mirkaneessa;
- 5) Dhimma seeraa irratti gorsaa olaanaafi bakka bu'aa mootummaa naannichaa ta'ee ni hojjata;
- 6) Manneen hojii qaama raawwachiistuu mootummaa Naannichaa hojii isaanii bu'uura seeraatiin raawwachuu isaanii ni mirkaneessa;
- 7) Mirgootaafi bilisummaawwan bu'uuraa lammilee heeraafi seeraan eeggaman kabajamuu isaanii ni mirkaneessa;
- 8) Seerota biraatiin aangoon Poolisiif kenname akkuma eegametti ta'ee, dhimmoota yakkaa aangoo Mana Murtii Naannichaa ta'an, akkasumas dantaa mootummaafi ummata Naannichaatiin walqabatee Magaalaa Finfinnee keessatti raawwataman irratti

qorannoo yakkaa gaggeeffamu ni hooggana; ni hordofa; faayidaa ummataa bu'uura godhachuun yookiin dhimmichi yakkaan kan hin gaafachiisne ta'uun ifatti yammuu beekkame qorannoon jalqabame akka addaan citu yookiin qorannoon yakkaa addaan citee ture akka itti fufu ni taasisa; barbaachisaa ta'ee bakka argametti qorannoon yakkaa akka jalqabamu ni taasisa;

- 9) Yakkota ciccimoo yookiin yakkota malaammaltummaa yookiin yakkota dantaa ummataafi mootummaa ta'an yookiin yakka taaksii irratti raawwatamu poolisii waliin ni qorata; barbaachisaa ta'ee yoo argame yakkota biroos Poolisii waliin ni qorata; raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;
- 10) Manneen Hojii Mootummaa yookiin Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa yookiin Jaarmiyaalee Ummataa keessatti yakka malaammaltummaa hojjetaa yookiin Abbaa Taayitaa isaanii yookiin namoota kan birootiin raawwatamuu isaa eruun yoo isa dhaqqabu yookiin shakkii gahaa kan qabu yoo ta'e Poolisii waliin ni qorata; akka qoratamu ni taasisa; tarkaanfii barbaachisaa ta'e ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 11) Aangoofi hojii mana hojichaatiin walqabatee qoranna, himannaafi adeemsa murtii yakka malaammaltummaa gufachiisuuf yakkota nama kamiinuu raawwatamuu isaa eruun yammuu isa gahu yookiin shakkii gahaa kan qabu yoo ta'e Poolisii waliin ni qorata;
- 12) Yakkota malaammaltummaa seera yakkaa yookiin seerota biroo keessatti tumaman yookiin gochoota yakkaa Labsii kanaan dhorkamaniin walqabate eruun yoo isa ga'e yookiin shakkii gahaa kan qabu yoo ta'e sirna dhoksaatiin yookiin haala mijahaa diriirsuudhaan mala adda addaatti fayyadamuun poolisii waliin odeeffannoo yookiin eruu ni sassaaba; akka sassaabamu ni taasisa; murtii barbaachisaa ni kenna; ni kennisiisa;
- 13) Faayidaa yookiin bu'aa yakka malaammaltummaatiin argame filannoo yookiin tooftaa adda addaatti fayyadamuun akka deebi'u ni taasisa; ni himata; ni falma, ni deebisisa; ni dhaalchisa, himanni yakka malaammaltummaatiin dhiyaate yookiin yakkota malaammaltummaa adeemsa qorannaarra jiran falmii himannaatiin ala akka xumuramu ni taasisa; raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;
- 14) Qorannaak yakka malaammaltummaa ciccimootiin walqabatee bu'uura seera sirna deemsa falmii yakkaa yookiin seerota biroo rogummaa qabaniin mooraa nama kamiiyuu yookiin mana jirenyaa yookiin iddo hojii yookiin konkolaataa yookiin qabeenya biroo kamiiyuu akkaataa barbaachisummaa isaatti akka sakatta'amu ni taasisa; ni hordofa; to'annaa jala akka oolu ni taasisa;

- 15) Namoota yakka malaamaltummaa ciccimaatiin shakkaman yeroo sa'atii 48:00 hin caalleef ajaja Mana Murtii osoo hin barbaachisne bu'uura Seera Sirna Deemsa Falmii Yakkaafi Labsii Sirna Seera addaafi Ragaa Farra Malaammaltummaatiin to'annaa jala oolanii buufata Poolisii akka turan ajaja ni kenna;
- 16) Qorannaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame bu'uura Seera Sirna Deemsa Falmii Yakkaa yookiin seerota biroo rogummaa qabaniin nama kamiyyuu dhiyeessisee ni gaafata; jechi irraa akka fuudhamu ni taasisa; nama yookiin mana hojii kamiyyuu irraa ragaan akka dhiyaatuf ni ajaja, ragaa dhiyaate ni fudhata;
- 17) Yakka malaammaltummaa yookiin taaksiin walqabatee maallaqni yookiin qabeenyi argame Baankii keessa jiraachuu isaa shakkiin gahaan yookiin ragaan yoo jiraate herrega Baankii shakkamaa yookiin maatii isaa yookiin maqaa nama biraatin olkaawamuusaa ragaan gahaan yoo argame yookiin gahee aksiyonaa qabaachuun isaa ragaan kan jiru yoo ta'e ajaja Abbaa Alangaa waliigalaatiin ragaan akka walitti qabamu ni taasisa; barbaachisaa ta'ee yoo argame ajaja Mana Murtiin maallaqichi yookiin qabeenyichi akka hin sochoone ni taasisa;
- 18) Qabeenyi nama kamiyyuu gocha yakka malaammaltummaatiin argame, horatame yookiin tilmaama miidhaa gahee haala walqabaateen qorannaarra jiran ajaja Mana Murtiitiin akka hin sochoone ni taasisa; qabeenyi nama kamiyyuu yakka malaammaltummaatiin argamuun yookiin horatamuun isaa yoo mirkanaa'e qabeenyichi ajaja Mana Murtiitiin akka dhaalamu ni taasisa yookiin tilmaama miidhaa gaheen kan walmadaalu akka deebi'u yookiin caalbaasiin gurguramee yookiin osoo hin gurguramin mootummaaf galii akka ta'u ni taasisa;
- 19) Namoota mirga yakkaan himatamu dhabuu qabaniifi yakka malaammaltummaatiin shakkaman yookiin himatamu qaban mirgi kun akka irraa ka'u qaama mirgicha kaasuuf aangoo qabutti ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu poolisii waliin ni qorata; ni himata; ni falma; raawwii isaa ni hordofa;
- 20) Namni yakka malaammaltummaa irratti hirmaate tokko dhimmichi mana murtiitti osoo hin dhihaatin dura odeeffannoo barbaachisaafi bu'aa qabeessa ta'e yoo kenne himanna irraa bilisa akka ta'u ni taasisa;
- 21) Bu'uura seeraatiin balleessimmaa irratti akka waliigalamu ni murteessa; walta'iinsa ni taasisa; falmii himannaatiin ala tarkaanfiiwwan filannoo kan biroo akka fudhataman ni murteessa; hojirra oolmaa isaa ni hordofa;
- 22) Ciraa akka ragaatti fayyadu addaan ni baasa; saamudni akka fudhatamuu yookiin suuraan akka ka'u ni taasisa; akkaataa qabiinsa yookiin haala ciraan abbaa qabeenyichaatiif itti deebi'u ilaalchisee qajeelfama ni kenna;

- 23) Murtiin Abbaa Alangaatiin kennamu madaalawaafi tilmaamamaa akka ta'u kan gargaaru Qajeelfama ni baasa; hojiirra ni oolcha; hojiirra ooluu isaa ni hordofa;
- 24) Ragaan seeraafi himatamaa akka dhiyaatan qaama dhimmi ilaaluuf ajaja ni kenna; ni hordofa; bu'uura ajaja kennameen raawwatamuu yoo baate tarkaanfii seeraa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 25) Bu'uura seeraatiin eeruu kennitoota, ragaa baatotaafi maatii isaaniitiif qaama dhimmi ilaalu waliin Wabii Eegumsa Qaamaafi Hojii ni kenna; akka kennamu ni taasisa;
- 26) Galmee qorannoo yakkaa irratti bu'uura seeraatiin murtii ni kenna; mootummaa bakka bu'ee himata ni hundeessa; falmii ni gaggeessa; faayidaa ummataaf barbaachisaa ta'ee yoo argame himata ni kaasa; himata ka'e akka itti fufu ni taasisa;
- 27) Murtii Manni Murtii sadarkaan jiru kenu irratti komiin yoo jiraate ol'iyyannoo ni gaafata; ni falma; iyyata ijibbaataa ni dhiyeessa;
- 28) Ajajaafi murtiawan yakkaa manneen murtiitiin kennaman bu'uura seeraatin raawwatamuu isaanii ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 29) Dhimma baraarsaafi dhiifamamaa ilaalcissee qaama dhimmi ilaalu waliin ni hojjata; sirna ni dirirsa; waajjira boordii dhiifamamaa ni hundeessa; ni hooggana;
- 30) Qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uudhaan karoora raawwii mirga namoomaa ni qopheessa; raawwii isaa ni hordofa; sadarkaa naannootti qaamolee dhimmi ilaalu ni qindeessa; qaama dhimmi ilaaluuf gabaasa ni dhiheessa;
- 31) Mirgi sirreffamtoota seeraa yookiin namoota buufata Poolisii yookiin mana sirreessaa keessatti to'anno seeraa jala jiran kabajamuu isaa ni hordofa; haalli qabiinsa mirgaafi yeroon turtii bu'uura seeraatiin ta'uu isaa ni mirkaneessa; gochi seeraan alaa yoo raawwatame tarkaanfii seeraa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 32) Namootni yakka salphaan shakkaman yookiin yakka raawwachuun isaanii shakkisiisa ta'e poolisiin bu'uura seeraatiin akka gadi lakkisu qajeelfama ni kenna; raawwii isaa ni hordofa; tarkaanfii seeraa ni fudhata;
- 33) Hubanno seeraa hawaasaa akka cimu barumsa hubanno seeraa ni kenna; qaamota dhimma kana irratti hirmaatan ni qindeessa; bu'aa isaa ni xiinxala.
- 34) Seeronni bahan yookiin fooyya'an qo'anno irratti akka hundaa'an qo'anno seeraa ni gaggeessa; akka gaggeeffamu ni taasisa; wixinee seeraa ni qopheessa; wixineewwan seeraa qophaa'anii dhiyaatan xiinxalee ni sirreessa; Afaan Amaaraafi Ingiliiziitti sirnaan hiikkamee dhiyaachuu isaa ni mirkaneessa; qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa;

- 35) Seerota naannichaa sirnaan ni qaba; hojii kodifikeeshiniifi jildeessuu ni raawwata; qaamolee dhimmi ilaalu waliin ta'uun seerota Federaalaa gara Afaan Oromootti ni hiika;
- 36) Seerotni bahan Heera, seerota Naannichaafi Federaalaa, Waliigalteewwan Idil-Addunyaa, mirga dubartootaafi daa'immanii akkasumas, tumaalee kan biroo Itoophiyaan mirkaneessite waliin kan wal siman ta'uu isaanii ni mirkaneessa;
- 37) Mirgaafi dantaa ummataafi mootummaa kabachiisuuf Manneen Hojiifi Dhaabbilee Misooma Mootummaa Naannichaa, akkaataa barbaachisummaa isaatti jaarmiyaalee ummataa bakka bu'ee himata hariiroo hawaasaa ni hundeessa; ni falma; deebii ni kenna; dhimmoota falmiin jalqabame gidduu seenuudhaan ni falma; murtii kennname bu'uura seeraatin ni raawwachiisa;
- 38) Waliigalteewwan manneen hojiifi dhaabbilee misoomaa mootummaa naannichaa qaama biroo waliin taasisan ilaachisee seera qabeessummaa isaa ni xiinxala; gorsaafi deeggarsa seeraa ni kenna; raawwiin isaa Qajeelfama Manni Maree Bulchiinsaa baasuun kan murtaa'u ta'a;
- 39) Dhimma hariiroo hawaasaa Manneen Hojii yookiin Dhaabbileen Misooma Mootummaa Naannichaa irratti waldhaban ilaachisee dhimmichi mana murtii yookiin mana murtiin ala mala filanno jiruun akka furamu ni murteessa; bu'uura murtichaatiin raawwatamuu isaa ni mirkaneessa;
- 40) Namoota himanna hariiroo hawaasaa banuuf humna dhaban keessumaayyuu dubartoota, daa'imman, qaama miidhamtootaafi maanguddoota bakka bu'ee ni falma; akka falmamu ni taasisa;
- 41) Namoota gocha yakkaatiin miidhaan irra gaheefi himata dhiyeffachuufi falmuuf humna hin qabne bakka bu'ee beenyaa akka argatan himanna hariiroo hawaasaa ni dhiyeessa; ni falma yookiin walta'iinsa ni taasisa;
- 42) Hojii isaa ilaachisee qorannaafi qo'anno hojii ni taasisa; ragaaleeffi istaatistiiksii adda addaa walitti ni qaba; ni qindeessa; ni tamsasa; ni gabaasa;
- 43) Ilaalcha, dandeettiifi ogummaa Abbaa Alangaafi hojjattootaa itti fufiinsaafi sadarkaa sadarkaan cimsuuf leenjii ni kenna; leenjiifi carraan barnootaa akka kennamu ni taasisa;
- 44) Ogeessota seeraa naannicha keessatti tajaajila abukaatummaa irratti bobba'uu barbaadaniifi ulaagaa guutaniif akkasumas barreessitoota dhimma seeraatiif hayyama ni kenna; ni haaromsa; ni hordofa; ni to'ata; ni dhorka; ni haqa;
- 45) Qaamolee dhimmi ilaalu waliin sirni tajaajila seeraa bilisaa itti kennamu ni dirirsa; tajaajilichi akka kennamu ni taasisa; ni hordofa; ni to'ata;

- 46) Waldaaleefi dhaabbilee miti mootummaa bu'aaf hin hundeeffamne ni galmeessa; hayyama qaama seerummaa ni kenna; qaama dhimmi ilaalu waliin ni hordofa; ni to'ata; gabaasa raawwii hojii dhiyaatu irratti hundaa'uun hayyama ni haaromsa; ni dhorka; ni haqa;
- 47) Waldaaleefi dhaabbilee miti mootummaa Mootummaa Federaalaa irraa hayyama fudhatanii naannicha keessatti hojjatan ni to'ata; qaama dhimmi ilaaluuf ni gabaasa;
- 48) Hojiwwan mirkaneessaafi galmeessa ragaalee qaamolee birootiif seeraan hin kennamne ni raawwata; ragaa ni kenna;
- 49) Qaxara, muudama, ramaddii, guddina, jijiirraa, mindaafi faayiddaa adda addaa, naamusa, sooramaafi dhimmoota biroo bulchiinsa Abbaa Alangaa ilaallatan kan murteessu Gumii Bulchiinsa Abbaa Alangaa naannichaa ni hundeessa; raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a;
- 50) Dubartootnifi daa'imman bulchiinsa haqaa keessatti qooda fudhattootaafi fayyadatoota akka ta'an ni hojjata; haala ni mijeessa; ni deeggara;
- 51) Qaamolee adda addaa waliin qunnamtii ni taasisa; qabeenya ni horata; waliigaltee ni mallatteessa; ni himata; ni himatama.

Kutaa Sadii

Gurmaa'inaafi Bulchiinsa Mana Hojichaa

8. Gurmaa'ina Mana Hojichaa

Manni hojichaa gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata:

- 1) Abbaa Alangaa Waliigalaafi Itti Aantota Abbaa Alangaa Waliigalaa;
- 2) Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa;
- 3) Abbootii Alangaafi hojjattoota bulchiinsaa barbaachisaa ta'an kan biroo.

9. Muudama

- 1) Abbaan Alangaa Waliigala Pirezidaantiin dhiyaatee Caffeen kan muudamu ta'a.
- 2) Itti aantonni Abbaa Alangaa Waliigala Pirezidaantiin dhiyaatanii Mana Maree Bulchiinsaatiin kan muudaman ta'a.

10. Itti Waamama

- 1) Itti waamamni Abbaa Alangaa Waliigala Pirezidaantiif ta'a.
- 2) Itti Aantonni Abbaa Alangaa Waliigala, Abbaa Alangaa Waliigalaatiif ta'u.

11. Aangoofi Gahee Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa

Abbaan Alangaa Waliigala aangoofi Gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Labsii kana keewwata 7 jalatti aangoofi hojii mana hojii Abbaa Alangaa Waliigalaatiif kenname hojiirra ni oolcha;

- 2) Bu'uura seeraafi ogummaa isaatiin mana hojichaa olaantummaan ni hooggana; ni bulcha;
- 3) Itti gaafatamaan, qorataan yookiin Abbaan Alangaa namoota yakka malaammaltummaatiin shakkaman akkaataa seeraatiin akka qoratu, himatu, to'annaa jala akka oolchu yookiin qabu ni ajaja; raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;
- 4) Dhimma yakka malaammaltummaa qorannoon isaa eegalamee jiru ilaachisee barbaachisaa ta'ee yoo argame herregni Baankii shakkamaa, maatii isaa, manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misoomaa mootummaa, jaarmiyaalee ummataa yookiin nama kan biroo shakkamaa waliin walqunnamtii qaban kamiiyyuu akka sakatta'amuufi ragaan barbaachisaa ta'e akka sassaabamu ajaja ni kenna;
- 5) Namni yakka malaammaltummaa irratti hirmaate kamiiyyuu dhimmichi mana murtiitti osoo hin dhiyaatin dura odeeffannoo barbaachisaafi bu'aa qabeessa ta'e yoo kenne himannaar irraa bilisa akka ta'u ni taasisa;
- 6) Seera irratti hundaa'uudhaan murtii itti aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaan kennname ni haqa; ni jijiira; ni fooyyessa yookiin dhimmichi akka qulqullaa'u yookiin irra deebi'amme akka ilaalamu ni taasisa;
- 7) Akkaataa seeraatiin hojjattoota bulchiinsaa hojiidhaaf barbaachisan ni qacara, ni bulcha, hojirraa ni gaggeessa;
- 8) Karooraafi gabaasa raawwii hojiifi baajataa Mana Hojichaa ni qopheessa; qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu mirkaanaa'u hojiirra ni oolcha;
- 9) Baajata mana hojichaa akkaataa seeraatiin ni bulcha;
- 10) Qaamolee adda addaa waliin quunnamtii ni taasisa; waligaltee ni mallatteessa;
- 11) Aangoofi hojii seeraan mana hojichaaf kennname galmaan gahuuf caasaa Mana hojichaa qorachuun humna namaafi meeshaadhaan ni gurmeessa;
- 12) Barbaachisaa ta'ee yoo argame aangoofi gahee hojii isaa irraa qoodee bakka bu'ummaan Abbootii Alangaafi hojjattootaaf kennuu ni danda'a.

12. Aangoofi Gahee Hojii Itti Aantota Abbaa Alangaa Waliigalaa

Itti aantonni Abbaa Alangaa Waliigalaa aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaatu:

- 1) Hojiilee Abbaa Alangaa Waliigalaatiin adda bahanii kennamaniif ni raawwata;
- 2) Abbaan Alangaa Waliigalaa haala addaatiin yoo murteesse malee bakka Abbaan Alangaa Waliigalaa hin jirretti itti aanaan Abbaa Alangaa Waliigalaa muudamaan dursu bakka bu'ee ni hojjata;

13. Muudama Irraa Ka'uu

Abbaan Alangaa Waliigalaafi Itti aantonni Abbaa Alangaa Waliigalaa murtii Pirezidaantiitiin muudama irraa ka'uu ni danda'u.

14. Muudama Abbootii Alangaa

Abbootiin Alangaa naannichaa Abbaa Alangaa Waliigalaatiin dhiyaatanii Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaatiin kan muudaman ta'a. Raawwiin isaa Dambii Manni Maree Bulchiinsaa baasuun kan murtaa'u ta'a.

15. Qajeeltoowwan Muudamaafi Bulchiinsa Abbootii Alangaa

Qajeeltoowwan bu'uuraa muudama Abbootii Alangaa kanneen armaan gadii ti:

- 1) Heerafi sirna heeraatiif amanamaa ta'uu;
- 2) Olaantummaa seeraa kabajuufi kabachiisuu;
- 3) Haqummaa;
- 4) Aangoo seera qabeessatti fayyadamuu;
- 5) Loogiirraa bilisa ta'uu;
- 6) Ejjanno gaarii qabaachuu;
- 7) Iccitii hojii eeguu;
- 8) Naamusa gaarii qabaachuu;
- 9) Afan hojii mootummaa naannichaa dubbachuu, dubbisuufi barreessuu sirriitti danda'uu.

16. Hundeeffama, Itti Waamamaafi Aangoofi Hojii Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa

- 1) Gumiin waliigalaa, gumii naannoofi gumii Godinaa bulchiinsa Abbootii Alangaa kanaan booda “**Gumii Waliigalaa**”, “**Gumii Naannoo**” fi “**Gumii Godinaa**” jedhamee waamamu Labsii kanaan hundeeffameera.
- 2) Itti waamamni Gumii Waliigalaa Abbaa Alangaa Waliigalaatiif ta'a;
- 3) Itti waamamni Gumii Naannoo Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaatiif ta'a;
- 4) Itti waamamni Gumii Godinaa Itti gaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Godinaatiif ta'a.
- 5) Aangoofi hojii akkasumas siri hojimaata Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

Kutaa Afur

Bilisummaa Ogummaafi Itti Gaafatamummaa Abbaa Alangaa

17. Bilisummaa Ogummaa Abbaa Alangummaa

- 1) Manni Hojichaa aangoofi hojii isaa jiddulixummaa nama yookiin qaama kamirraayyuu bilisa ta'ee akkaataa seeraatiin ni raawwata.

- 2) Qajeelfamni hojimaataa Gumiin Waliigalaa baasuakkuma jirutti ta'ee, Abbootiin Alangaa hojii isaanii seera qofa irratti hundaa'uun bilisa ta'anii ni raawwatu.
- 3) Itti gaafatamummaan labsii kana yookiin seera biraatiin qabanakkuma jirutti ta'ee, Abbaan Alangaa Waliigalaafi Abbaan Alangaa aangoofi hojii bu'uura seeraatiin kennameef raawwachuu isaaniitiif miidhaa gahuuf itti gaafatamummaa seeraa hin qaban.
- 4) Abbaan Alangaa kamiyyuu yakka hidhaa cimaan adabsiisu harkaaf harkatti raawwatee yoo argame malee beekkamtii Abbaa Alangaa Waliigalaatiin ala to'atamuu yookiin hidhamuu hin danda'u.

18. Itti Gaafatamummaa Abbaa Alangaa

Abbaan Alangaa raawwii hojii isaa irratti hanqina agarsiise yookiin balleessaa naamusaa raawwate seeraan yookiin Dambii Naamusaatiin kan itti gaafatamu ta'a. Tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

19. Mirga Iyyata Dhiyeeffachuu

- 1) Namni murtii Abbaan Alangaa kenne irratti komii qabu kamiyyuu iyyata isaa itti gaafatamtoota Abbaa Alangaa sadarkaan jiraniitti dhiyeeffachuuuf mirga ni qabaata;
- 2) Itti gaafatamaan iyyatni dhiyaateef dhimmicha hatattamaan qulqulleessee murtii kennuu qaba. Dhimmicha qulqulleessuuf koree ogeessota dhimmi ilaalu hammate hundeessuu ni danda'a.
- 3) Itti gaafatamaan iyyaticha qorate seeraafi ragaa caqasuudhaan murtii Abbaa Alangaa jalaatiin kenname daangessuuf, jijiiruuf, fooyyessuuf, diiguuf, cimsuuf yookiin qaama dhimmicha jalqaba ilaaletti deebisuu ni danda'a.

20. Mirga Eeruu, Komii Yookiin Yaada Dhiyeessuu

- 1) Namni kamiyyuu dhimmoota aangoofi hojii Mana Hojichaa ta'anii sirraa'uun yookiin fooyya'uun qaban jedhu yookiin cabiinsa seeraafi dambii naamusaa raawwatame mala kamiyyuu fayyadamuudhaan mana hojichaatiif yookiin caasaalee isaa sadarkaan jiraniif eeruu yookiin yaada dhiyeessuu ni danda'a.
- 2) Manni Hojichaa hojimaata eeruun, komiin yookiin yaadni itti keessummaa'u, itti qulqullaa'u, furmaanni itti kennamuufi ummataaf itti beeksifamu ni diriirsa.

Kutaa Shan

Tumaalee Adda Addaa

21. Madda Galii

Maddi galii Mana Hojichaa baajata mootummaan ramadamu irraa ta'a.

22. Galmee Herregaa

- 1) Manni Hojichaa galmee herregaa guutuufi sirrii ta'e ni qabaata.

- 2) Herregaafi harshammeeawan faayinaansii Mana Hojichaa yeroo yeroon Mana Hojii Odiitara Muummichaatiin yookiin qaama biroo inni bakka buuseen ni qoratama.

23. Mirgaafi Dirqama Dabarsuu

- 1) Aangoofi hojiin, akkasumas itti waamamni Biirroo Haqaa Oromiyaatiif seerota birootiin kennaman labsii kanaan Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaatti darbaniiru.
- 2) Aangoofi hojiin yakkoota malaammaltummaafi taaksii ilaachisee eeruu simachuufi qorachuu Komishiinii Naamusaafi Farra Malaammaltummaa Oromiyaafi Abbaa Taayitaa Galiiwwanii Oromiyaatiif walduraa duubaan bu'uura Labsii Lak.197/2008 fi Labsii Lak.175/2005, akkasumas seerota birootiin kennaman Labsii kanaan Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaafi Komishinii Poolisii Oromiyaatiif darbanii jiru.
- 3) Aangoofi hojiin yakkoota malaammaltummaafi taaksii himachuu, falmuufi murtii raawwachiisuu Komishiinii Naamusaafi Farra Malaammaltummaa Oromiyaafi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaatiif walduraa duubaan bu'uura Labsii Lak.197/2008fi Labsii Lak.175/2005 tiin, akkasumas seerota birootiin kennaman labsii kanaan Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaatiif darbanii jiru.

24. Dirqama Deeggarsa Kennuu

- 1) Namni kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti hammataman hojiirra oolchuuf deeggarsa kennuuf dirqama qaba.
- 2) Miseensi Poolisii kamiyyuu murtii seera qabeessa ta'e Abbaan Alangaa kennu kabajuufi raawwachuuuf dirqama qaba.
- 3) Yakkoota malaammaltummaatiin walqabatee:
 - (a) Manni Hojii Mootummaa, Dhaabbileen Misoomaa Mootummaa yookiin Jaarmiyaaleen Ummataa tarkaanfin bulchiinsaa yookiin naamusaa ofii isaaniitiin fudhatan akkuma eegametti ta'ee, yakki malaammaltummaa kan raawwatame ta'uu isaa shakkii yoo qabaate battalumatti Mana Hojichaatiif gabaasuuf yookiin beeksisuuf dirqama qaba.
 - (b) Abbaan Taayitaa yookiin hojjataan Mana Hojii Mootummaa Yookiin Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa yookiin Jaarmaayilee Ummataa kamiyyuu gochi malaammaltummaa raawwatamuu isaa yookiin raawwatamuuf qophiirra kan jiru ta'uu isaa yoo shakke Mana Hojichaatiif beeksisuuf dirqama qaba.
 - (c) Manneen Hojii Mootummaa, Dhaabbileen Misoomaa Mootummaa, Jaarmiyaaleen Ummataa yookiin namni dhimmi ilaalu kamiyyuu aangoofi hojii mana hojichaatiin walqabatee gaaffii deeggarsa ogummaa Manni Hojichaa dhiyeessu ilaachisee deeggarsa barbaachisaa ta'e kennuuf diqama qabu.

- (d) Bu'uura Labsii kanaatiin yakka malaammaltummaa qorachuuf qaamni aangoo qabu kamiiyuu yeroo kamiiyuu Mana Hojii Mootummaa, Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Naannichaa yookiin kan Mootummaa Federaalaa Naannicha keessatti argaman yookiin Jaarmiyaalee Ummataa Naannicha keessatti argaman irraa ragaalee qorannoof barbaachisaa ta'an hunda sassaabuuf aangoo ni qabaata.
- (e) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 (d) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, ittigaafatamtoonni yookiin hojjattoonni Mana Hojii Mootummaa, Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Yookiin Mootummaa Naannichaa yookiin Mootummaa Federaalaa Naannicha keessatti argaman yookiin Jaarmiyaalee Ummataa naannicha keessatti argaman kamiiyuu mana hojichaan yoo gaafataman ragaalee barbaachisaa ta'an agarsisuu, dhiyeessuu yookiin kennuuf dirqama qabu.
- 4) Namni kamiiyuu yakka taaksiitiin walqabatee deeggarsa ogummaa akka taasisu Mana Hojichaatiin yammuu gaafatamu deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

25. Adabbi

- 1)** Seera birootiin caalmatti kan adabsiisu yoo ta'e malee:
- (a) Namni Abbaan Alangaa Waliigalaa yookiin Abbaan Alangaa hojii isaanii bilisummaan akka hin raawwanne gidduu seene kamiiyuu adabbi hidhaa cimaa waggaa tokkoo gadi hin taaneefi waggaa shan hin caalleen ni adabama.
- (b) Namni murtii Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Abbaan Alangaa kenneen hin kabajne yookiin hin raawwachiifne yookiin dirqama deeggarsa kennuu qabu hin kennine kamiiyuu adabbi hidhaa salphaa waggaa tokko hin caalleen yookiin qarshii 3,000.00 (kuma sadii) hin caalleen ni adabama.
- (c) Miseensi Poolisi qajeelfama yookiin ajaja Abbaa Alangaa seera qabeessa ta'e mormuun ajajamuu dide kamiiyuu hidhaa salphaa waggaa lama hin caalle yookiin qarshii 5,000.00 (kuma shan) hin caalleen ni adabama.
- 2)** Yakkoota malaammaltummaatiin walqabatee seera birootiin caalmaatti kan adabsiisu yoo ta'e malee:
- (a) Namni kamiiyuu nama eeruu yookiin ragaa kenuu kamiiyuu irratti dhiibbaa gochuuf yookiin miidhaa geessisuuf kan yaale yookiin miidhaa kan dhaqqabsiise yookiin namuma kana adabuuf yoo yaale yookiin kan adabe yoo ta'e hidhaa cimaa waggaa sadii gadi hin taaneen, waggaa kudha shan hin caalleeniifi adabbi maallaqaa qarshii 6,000.00 (kuma jaha) gadi hin taaneen, 25,000.00 (kuma digdamii shan) hin caalleen ni adabama.
- (b) Hoogganaan yookiin hojjataan Mana Hojichaa kamiiyuu aangoofi ittigaafatamummaa seeraan kennameef haala hin taaneen yoo itti fayyadame, icciitii

yoo baase, ragaa dogoggoraan kan dhiyeesse yookiin ragaa kan balleesse yookiin kan dhokse yoo ta'e, gocha kanaanis faayidaan inni argate dhaalamuun isaa akkuma eegametti ta'ee, hidhaa cimaa waggaa shanii gadi hin taaneen, waggaa kudha shan hin caalleefi qarshii 3,000.00 (kuma sadii) gadi hin taaneen, 10,000.00 (kuma kudhan) hin caalleen ni adabama.

- (c) Namni kamiyyuu ta'e jedhee Mana Hojichaa dogoggorsuuf yookiin nama biroo miidhuuf yookiin fayyaduuf gabaasa yookiin eeruu yookiin odeeffannoo sobaa Mana Hojichaaf yoo dhiyeesse, hidhaa waggaa tokkoo gadii hin taaneen, waggaa shan hin caalleefi qarshii 3,000.00 (kuma sadii) gadi hin taaneen, 10,000.00 (kuma kudhan) hin caalleen ni adabama.
- (d) Abbaan Taayitaa yookiin hojjataan yookiin namni kamiyyuu tumaa Labsii kanaa keewwata 24(3) darbee yoo argame yookiin beeksisuuf yookiin deeggarsa Mana Hojichaaf gochuuf hayyamamaa ta'uu yoo baate hidhaa ji'a jahaa gadi hin taaneen, waggaa afur hin caallee fi qarshii 1,000.00 (kuma tokko) gadi hin taaneen, 8,000.00 (kuma saddeet) hin caalleen ni adabama.
- (e) Namni kamiyyuu hojii mana hojichaa kan gufachiise yookiin gufachiisuuf kan yaale yoo ta'e hidhaa cimaa waggaa lamaa gadi hin taane, waggaa kudhan hin caallee fi qarshii 5,000.00 (kuma shanii) gadi hin taaneen, 20,000.00 (kuma digdama) hin caalleen ni adabama. Yakkichi kan raawatame humna fayyadamuun yoo ta'e adabbiin isaa adabbii keewwata xiqqaa kana jalatti tumame isa ol'aanaa ta'a.
- (f) Namni kamiyyuu hojjataa mana hojichaa fakkaatee dhiyaachuudhaan gocha gowwoomsuu yoo raawwate hidhaa waggaa sadii gadi hin taaneen, waggaa kudhan hin caallee fi qarshii 3,000.00 (kuma sadii) gadi hin taaneen, 10,000.00 (kuma kudhani) ol hin caalleen ni adabama.
- (g) Namni kamiyyuu yakka malaammaltummaa irratti qorannaan calqabamuuf adeemsa irra kan jiru ta'uu isaa yookiin qorannaan irra kan jiru ta'uu isaa osoo beekuu waa'ee gocha raawwatamee hayyama qaama qorannicha gaggeessaa jiruun ala kan ibse yookiin barreffamaan kan baase yookiin kan tamsaase yoo ta'e hidhaa ji'a jahaa gadii hin taaneen, waggaa afur hin caallee fi adabbii maallaqaa qarshii 1,000.00 (kuma tokko) gadi hin taane, 5,000.00 (kuma shan) hin caalleen ni adabama.
- (h) Ittigaafatamaan yookiin hojjataan mana hojii mootummaa, dhaabbilee misoomaa mootummaa yookiin jaarmaayilee ummataa kamiyyuu mana hojii yookiin dhaabbata yookiin jaarmiyaa keessatti hojjatu keessatti yakki malaammaltummaa

raawwatamuu isaa osoo beekuu qaama aangoo yakka malaammaltummaa qorachuuf qabutti kan hin beeksifne yoo ta'e tarkaanfiin bulchiinsaa mana hojii isaatiin fudhatamu akkuma jirutti ta'ee, hidhaa salphaa hanga waggaa shaniifi adabbii maallaqaa hanga qarshii 10,000.00 (kuma kudhan) ni adabama.

- (i) Yakkootni keewwata kana keewwattoota xiqqaa 2(a), (c), (d),(e)fi (f) jalatti tumaman bu'uura seera yakkaatiin dhaabbilee qaamni seerummaa seeraan kennameefiin kan raawwataman yoo ta'e adabbiin maallaqaa dachaa shaniin ta'a.
- 3) Qaamni yakkoota gibiraafi taaksii irratti raawwate kamiyyuu akkaataa Labsii Galii Gibiraafi Labsii Bulchiinsa Taaksii Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin kan itti gaafatamu ta'a.

26. Tumaalee Ce'umsaa

- 1) Aangoofi hojiin yakkoota qorachuu, himachuufi dhimmoota hojiilee kanaan walqabatan ilaalcissee dambileen Mana Marii Bulchiinsatiin bahan, akkasumas qajeelfamoonniifi maanuwaalonni Biwoo Haqaa yookiin Komishinii Naamusaafi Farra Malaammaltummaa yookiin Abbaa Taayitaa Galiiwwaniitiin bahanii hojiirra jiran bu'uura Labsii kanaatiin kan birootiin hanga bakka bu'anitti raawwatiinsi isaanii itti fufa.
- 2) Abbaan Alangaa Biwoo Haqaa, Komishinii Naamusaafi Farra Malaammaltummaafi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Naannichaa keessa hojjataa jiraniifi ulaagaa barbaachisu guutanii argaman gara Mana Hojichaatti jijiiramuun bu'uura Labsii kanaatiin akka muudamanitti lakkaa'amani hojii isaanii kan itti fufan ta'a.
- 3) Hojjattoonni bulchiinsaa Biwoo Haqaa ulaagaa barbaachisu guutanii argaman calalamanii bu'uura Labsii kanaatiin hojjatoota Mana Hojichaattaa ta'anii itti fufu.
- 4) Qorattoonni yakka Komishinii Naamusaafi Farra Malaammaltummaa Oromiyaafi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa keessa hojjachaa turan bu'uura Labsii kanaatiin gara Komishinii Poolisii Oromiyaatti jijiiramuun hojii isaanii kan itti fufan ta'a.
- 5) Hojjattoonni bulchiinsaa Komishinii Naamusaafi Farra Malaammaltummaafi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Naannichaa keessatti kutaa Abbaa Alangaa keessatti hojii Abbaa Alangummaatiif deeggarsa kennaa turaniifi ulaagaa barbaachisu guutan bu'uura Labsii kanaatiin hojjattoota Mana Hojichaattaa ta'anii itti fufu.
- 6) Komishiinii Naamusaafi Farra Malaammaltummaafi Abbaa Taayitaa Galiiwwan Naannichaa keessatti galmeewwaniifi sanadootni Abbaa Alangaa, akkasumas qabeenyotni qabamanii jiraniifi falmiin irratti gaggeeffamaa jiru bu'uura labsii kanaatiin gara Mana Hojichaatti ni darbu.

- 7) Dhimmootni Naamusaa Abbaa Alangaa Koreewwan yookiin Gummiiwwan Bulchiinsa Abbaa Alangaatiin ilaalamaa jiran bu'uura labsii kanaatiin akkaatuma dhimmichaatti Gummiiwwan Mana Hojichaa sadarkaan jiraniif ni darbu.
- 8) Dhimmoonni yakkaafi hariiroo hawaasaa bu'uura Labsii kanaatiin aangoo Mana Hojichaa ta'aniifi labsiin kun bahuun dura Manneen Hojii Dhaabbilee Misoomaafi Jaarmiyaalee Ummataa Naannichaa adda addaatiin hojjatamaa jiran hanga Manni Hojichaa haala mijeessee ofitti fudhatutti, guyyaa labsiin kun ragga'ee kaasee hanga ji'a jaha (6) tti akkaatuma duraatiin qaamoleen kun qabatanii kan itti fufan ta'a.

27. Aangoo Dambiifi Qajeelfama Baasuu

- 1) Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa Labsii kana hojii irraa oolchuuf dambii baasuu ni danda'a.
- 2) Manni Hojichaa labsii kanaafi dambii bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin bahu raawwachiisuuf qajeelfama baasuu ni danda'a.

28. Seerota Haqamaniifi Raawwatiinsa Hin Qabaanne

- 1) Labsii Qaamolee Raawwachiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoofi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, Lak. 199/2008 keewwatni 24 Labsii kanaan haqameera.
- 2) Labsii Komishinii Naamusaaifi Farra Malaammaltummaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak. 71/1995 Irra Deebiidhaan Fooyessuuf Bahe, Labsii Lak. 197/2008 keewwatootni 7 (3), 12, 13, 15 (7 ~ 16), 15 (18), 15 (20 ~ 23), 16 (7 ~ 8) fi 28 Labsii kanaan haqamanii jiru.
- 3) Labsii Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak. 175/2005 keewwatootni 7(3), 8(2), 10(3)fi 18 Labsii kanaan haqamaniiru.
- 4) Labsii Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak. 175/2005 keewwata 21 (2 ~ 3) jalatti tumaan Abbaa Alangaa ilaallatu Labsii kanaan haqameera.
- 5) Labsiin, dambiin, qajeelfamniifi barmaatileen hojii Labsii kanaan wal faallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

29. Yeroo Labsichi Hojirra Itti Oolu

Labsiin kun guyyaa Caffeen ragga'e irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee

Fulbaana 28, Bara 2011

Lammaa Magarsaa

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa